

Dhugaawwan Hatattamaa Hepatitis B

Wantootaa beekuu isin barbaachisu hunda daqiiqawwan 2 ykn isaa gadi keessatti!

Hepatitis B maali?

Hepatitis B addunyaa irratti dhibee tiruu hammaataa baay'ee baramaa ta'eedha. Innis vaayirasii hepatitis B (HBV) kan seeliwwan tiruu miidhuu fi cirrhosis (dirmammuu), hojii dhaabuu tiruu ykn kaansarii tiruu fiduu danda'a.

Namoonni fayya-qabeessa ta'an harki caalan ga'eessota ta'anii qabaman dandeetti qaaman vaayirasicha ofirraa ittisuu ni qabu, akkasumas vaayirasicha dhiiga isaanii irraa qulqulleessuu danda'u. Kuni hamma ji'oota 6 fudhachuu danda'a, akkasumas yeroo kanatti namoota birootti dabarsuu danda'u. Haala nama gaddisiisun, daa'immanii fi ijoollen xixiqqaan yoo HBV dhaf saaxilaman balaa dhibee yeroo dheeradhaaf turu (umurii guutuu turuun) qabamuu ol'aanaa irra jiru.

Tilmaaman ga'eessoni 5-10%, ijoollen 30-50% fi daa'imman 90% ta'an dandeetti qaaman vaayirasicha ofirraa ittisuu hin qaban, akkasumas dhibee yeroo dheeradhaaf turuun qabamu. Namoonni dhibee yeroo dheeradhaaf turuu qabama vaayirasicha namoota birootti dabarsuu danda'u (mallattoolee qabaachuu baatanis), akkasumas balaa dhibee tiruu fi jireenya keessatti gara boodaa irratti kaansarii tiruutin qabamuu ol'aanaa qabu.

Oduu gaarin hepatitis B talaallii balaa hin qabee fi bu'a qabeessa ta'een ittisuun ni danda'ama. Namoota hepatitis B yeroo dheeradhaaf turu wajjiin jiraataniif waldhaansoni bu'a qabeessa ta'anis jiru.

Hepatitis B Lakkoofsotaan

Addunyaa irratti:

- Miliyoonna 1.5 ni qabamu
- Namoonni miliyoona 296 ta'an sadarkaa addunyaatti hepatitis B yeroo dheeraa turuun qabamaniiru
- Rakkoowwan hepatitis B kan akka kaansarii tiruu jiraniin - waggaa waggaan namoonni 820,000 ni du'u - sekoondiiwwan 30 keessatti nama 1

Yuunaayitid Isteetis Keessatti:

- Yoo xiqqaate namoonni haaran 20,000 ni qabamu
- Ameerikaanonni hamma miliyoona 2.4 gahan hepatitis B yeroo dheeradhaaf turuun qabamu
- Ameerikaanonni kumaatamaan lakkaawwaman hepatitis B fi rakkoowwan isaa kan akka kaansarii tiruu jiraniin du'u

Hepatitis B ittisuun ni danda'amaa?

EEYEE! Waa'ee talaallii hepatitis B balaa hin qabnee fi bu'a qabeessa ta'ee doktora keessan gaafadhaa, akkasumas ofii keessanii fi namoota jaalattan umurii guutuu eegaa. Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Wiirtuwwan To'annoo fi Ittisa Dhibee) daa'imman, ijoollen, ga'eessoni umuriin isaanii hamma 59 jiraniin fi ga'eessoni umuriin isaanii 60 fi isaa ol ta'e hundi kan balaa ol'aanaa dhibichaan qabamuu irra jiran talaallii hepatitis B akka fudhatan gorsa. U.S dhan alatti, World Health Organization (Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa) daa'imman, ijoollen, ga'eessoni umuriin isaanii hamma 18 gahuu fi ga'eessoni balaa ol'aanaa irra jiran hundi talaallii akka fudhatan gorsa. Yaadadhaa, umurii guutuu akka ittisuuf liimoowwan muraasa qofa fudhata!

Hepatitis B Foundation dhaabbata bu'a maleessa biyyooleessa daawwaa argachuu fi sadarkaa addunyaatti qulqullina jireenya namoota hepatitis B dhan qabamanii fooyyessuuf of kennee hojjetuudha.

Hepatitis B akkamitti tatamsa'a?


Hepatitis B kan daddarbu dhiiga faallamee fi dhangala'oota qaamatiini. Kunis tuttuqqii kallattiidhan dhiiga wajjii taasifamuun, wal-qunnamtii saalaa of eeggannoo hin qabneen, qoricha haadochaa kan seera qabeessa hin taane fayyadamuunii fi dubartii qabamtee irraa gara daa'ima haaraa dhalatuutti yeroo ulfaa ykn daa'imni dhalatu ta'uu danda'a.

Hepatitis B karaa armaan gadiitin tatamsa'uu danda'u:

- Dhiiga faallameen kallattiidhan tuttuquu
- Wal-qunnamtii of eeggannoo hin qabne
- Lilmoowwan xuraa'an ykn hin qulqulloofne (qoricha haadochaa IV fayyadamuu, tumaa/ lilmoowwan ittin uran)
- Nama qabamee wajjiin mana tokkoo keessa jiraachuu
- Haadha qabamatee irraa gara daa'ima haaraa ishee dhalatutti/dhalattutti yeroo ulfaa ykn daa'imni dhalatu
- Nama qabamee wajjiin haadduwwan, qulqulleessitoota ilkaanii, murtuuwwan qeensaa, lootiwwan gurraa ykn faaya qaamaa waliif qooduu
- Nama qabameen ciniinnamuu
- Meeshaalee hin qulqulloofne kan ogeessota ilkaanii daandii cinaa, doktorootaa fi warreen rifeensa sirreessanin faayidaa irra oolan

Hepatitis B karaa armaan gadiitin tatamsa'uu hin danda'u:

- Boqoo ykn hidhii dhungachuu
- Qufa'uu ykn haxifachuu
- Tuttuqqii barama kan akka hammachuu, harka qabuu
- Nyaataa nama qabameen qophaa'e nyaachuu ykn nama qabame wajjiin nyaachuu



Hepatitis B dhaf balaa ol'aanaa kan qabu eenyuu

- Daa'imman haadota HBV dhan qabaman irraa dhalatan
- Namoota nama dhuunfaa dhibee yeroo dheeradhaaf turuun qabame wajjiin mana tokkoo keessa tuttuqqii dhiyoo godhuun jiraatan
- Daa'imman biyya HBV'n itti tatamsa'e irraa guddifaman
- Namoota dhuunfaa turtii yeroo ji'a 6 keessatti wal-qunnamtii of eeggannoo hin qabne godhan ykn hir'iyaa wal qunnamtii saalaa tokkoo ol qaban
- Namoota sexually transmitted disease (STD, Dhibee wal-qunnamtii saalan daddarban) dhan qabaman
- Dhiira dhiira wajjiin wal-qunnamtii saalaa taasisan
- Namoota dhuunfaa lilmoowwanii fi siriinjiwwan waliif qoodan
- Ogeessota fayyaa fi Namoota balaa hatattamaatif deebii kennan
- Namoota waldhaansi kalee qulqulleessuu taasifamaafi jiran
- Namoota dhuunfaa iddoowwan dhaabbataa kan akka mana hidhaa ykn mana garee keessa jiraatan

Qabeenyota Hepatitis B Dabalataa (Ingiliffaan)

- Hepatitis B Foundation: <http://www.hepb.org>
- CDC Division of Viral Hepatitis (Kutaa Hepatitis vaayirasii): <https://www.cdc.gov/hepatitis/>
- World Health Organization: <http://www.who.int/mediacentre/factsheets/fs204/en/>
- Immunization Action Coalition: <http://www.immunize.org>

Hepatitis B Foundation dhaabbata bu'a maleessa biyyooleessa daawwaa argachuu fi sadarkaa addunyaatti qulqullina jireenya namoota hepatitis B dhan qabamanii fooyyessuuf of kennee hojjetuudha.

www.hepb.org | 215-489-4900